

Og-Aartiiwan

Kitaaba Barattootaa



Kutaa 3

Barreessitoota

Damee Tolinaa

Lubaabaa Jamaal

Taaddasaa Dinquu

Gulaaltota

Danda'aa Boggaalaa

Kabbabush Lammeessaa

Lammii Beenyaa

Madaaltota

Dhaqqaboo Guyyee

Dirribaa Maammoo

Ismaa'el Hasan

Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu

Fakkibsaa

Buzaayyoo Girmaa

Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022



© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Asallaatiin bara 2014/20222 qophaa'e.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansiisuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BAAFATA

Qabiyyee

Fuula

Boqonnaa

1

Hubannoo
Og-aartiwwanii

1. Adda Baafanna Og-Aartiwwanii.....	1
1.1 Nootaalee Muuziqaa	1
1.2 Halluuwwan Bu'uuraa	12
1.3 Mala suuraa kaasuufi tapha diraamaa	21

BOQONNAA

2

Dandeettii
Kalaqaa

2. Shaakala Og-Aartiwwanii	27
2.1 Sagaloota muuziqaa, Nootaaleeffi Meeshaalee Muuziqaa Rukuttaa	27
2.2 Boca Sasalphaa Halluu Dibuu	36
2.3 Walitti Makama Halluuwwanii Bu'uuraafi Maxxansa Kallattii.	45
2.4 Ergaawwan diraamaa, suursagaleeffi suuraa	56

BOQONNAA

3

Haala qabatamaa
Seenaafi Aadaa

3. Ibsa Duudhaa Aadaa	62
3.1 Hojii Og-argaa kan Duriifi Ammaa	62
3.2 Oguma Ammayyaa Biyya Keenya	77
3.3 Raawwii Ibsa Duudhaa Aadaa Tiyaatira Keessatti ..	81

BOQONNAA

4

**HAWWANNAA
OG-AARTIIWWANII**

4. Og-Aartiiwan Dingisiifachuu	87
4.1 Og-argaa Dingisiifachuu	87
4.2 Muuziqaa Aadaa Dingisiifachuu	94
4.3 Tapha Tiyaatiraan.....	95

BOQONNAA

5

**Hidhata
Og-Aartiiwwanii**

5.1 Walitti Dhufeenya Og-Aartiiwan Gidduu Jiru	99
5.1.1 Barbaachisummaa og-aartiiwan barnoota biroo barachuu keessatti qabu	101

BOQONNAA 1

Hubannoo Og-aartiiwanii

1. AAKAKUU OG-AARTIIWWANII ADDA BAAFACHUUN IBSUU.

1.1 NOOTAALEE MUUZIQAA

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuun qaban

Xumura barnoota kanaatti barata/tu:

- nootaa nuusaa dubbisuun nitaphatta;
- boca nootaa nuusaa kaasuun ni'agarsiista;
- rukuttaalee sasalphaa nootaa nuusaan barreeffaman ni dubbista;
- rukuttaalee sasalphaa nootaa nuusaan barreeffaman taphachuun niraajeffatta,
- seenaa muuziqaa aadaa adda baafatta;
- faaruu garagaraa nifaarsita.

Seensa

Muuzigaan afaan idil-addunyaati. Hundumatu isa jaallata; ittis fayyadama. Bifa saayinsawaa ta'een muuzigaa akka beektanii itti fayyadamtaniif, qubeewwan isaa kutaa darbe keessatti barachuu eegaltanii jirtu. Ammas sanumatti fufuun nootaalee, seenaa, faaruufi shubbisa aadaa nibarattu.

1.1.1 Nootaa Nuusaa

Gaaffilee hubannoo

- Nootaa guutuufi walakkaan maal fakkaatu?
- Gatii rukuttaa meeqa meeqa qabu?
- Nootaa guutuufi walakkaan akkamiin taphatamu?

Nootaan nuusaas akkuma nootaa kanneen biroo qabee muuzigaa ta'ee, kan gatii turtii rukuttaa tokko qabudha. Bocni isaa nootaa walakkaa waliin kan walfakkaatu ta'ee, mataan isaa keessi dibamaadha.

Boca nootaa nuusaa



Gocha 1


1. Nootaa nuusaa sadii kaasuun agarsiisaa.
2. Nootaan nuusaa gatii rukuttaa meeqa qaba?
3. Nootaan nuusaa akkamiin taphatama? Gochaan agarsiisi.

Nootaa Nuusaa dubbisuu


Nootaan nuusaa gatii rukuttaa tokko qaba. Kanaafuu, harka keenya si'a tokko qofa rukunnee "ta.." jennee taphanna.

Fakkeenyaaaf,






Nootaa nuusaa harka walitti rukutuun dubbisaa taphachuu.




1.

2.






3.





Nootaa nuusaafi nootaa walakkaa walkeessa dubbisuun
taphachuu.

1.







1.1.3 Boqonnaa Nuusaa

Gaaffilee hubannoo

1. Boqonnaa walakkaan maal akka fakkaatu yaadattaa?
2. Fakkii boqonnaa walakkaa kaasuun akkamitti akka dubbifamee taphatamu hiriyyoota keetti agarsiisi.

Boqonnaan nuusaa gatii turtii rukuttaa nootaa nuusaan walqixa ta'e 'tokko' qaba. Garaagarummaan nootaa nuusaafi boqonnaa nuusaa garuu, sagalee qabaachuufi dhabuu irratti. Nootaan nuusaa yeroo taphatamu sagalee qaba. Boqonnaan nuusaa yeroo taphatamu sagalee hinqabu; nicallifama. Dabalataanis, boca isaaniitiin garaagara. Boca boqonnaa nuusaa asii gadii ilaaluun atis kaasii barsiisaa/tuu keefi hiriyyoota keetti agarsiisi.





Boqonnaa nuusaa dubbisuu shaakaluun taphadhu.



Shaakala dubbisa nootaalee muuziqaa

Nootaalee asiin gadii bakka boqonnaan jirutti callisuun,
bakka nootaalee kanneen sagalee qaban jiranitti immoo,
sagalee "Taa" jedhu dhageessisuun harka walitti rukutaa
gatii isanii lakkaa'uun taphadhu.







1.2 HALLUUWWAN BU'UURAA

Gocha 2


Bifti simbirrootaa, beeyladoota, bineensotaafi abaaboowwan naannoo keetti argamanii maal akka fakkaatu ilaaluun waan hubatte daree keessatti halluu isaanii barsiisaa/tuu keetti himi.

Kutaa tokkoffaafi lamaffaa keessatti gochaalee diba halluun walqabatan shaakaluun kee niyaadatama. Mata-duree kana jalaatti immoo, akaakuun halluu bu'uuraa maal akka ta'e nibaratta.

Halluu bu'uuraa jechuun, halluuwwan bifti isaanii diimaa, keelloofi cuqliisa ta'aniidha. Isaan kun immoo, halluuwwan jiran hundaaf bu'uura.

Halluuwwan kanas argachuu kan dandeenyu uumamumaan waan ta'eef, akka halluuwwan biroo walitti makuun argachuu hindandeenyu. Kanaafuu, kallatiidhaan carallaa ifaa irraa kan argamaniidha.

Fakkeenyaaf, simbirroonni, beelladoonni, bineensonni abaaboofi kanneen kana fakkaatan halluufi bifaa garagaraa qabu. Akkinaaleen qaama isaanii irratti mul'atuus miidhagina garagaraa qaba. Namonnis ijaan ilaalanii itti gammadu.



Halluu uumamaa lubbu-qabeeyyii naannoottii argaman qaban

Uumama miidhagaa adda addaa kana immoo, fakkiin hojjetanii agarsiisuuf halluuwan bu'uuraa kana beekuun barbaachisaadha.

1.2.1 Akaakuu Halluuwwan Bu'uuraa

Gocha 3

1. Halluu bu'uuraa kanneen jedhaman maal fa'i?
2. Wantoota naannoo keetti argaman keessaa sadii filadhuutii halluu/bifa isaan qaban barsiisaa/tuu keetti himi.

Naannoo keenyatti wantoonni ijaan mul'atan hunduu bifa yookiin halluu garagaraa qabu. Fakkeenyaaaf, abaaboон birraa bifa keeloo qaba. Kanaafuu, "keeloo" jennee waamna. Akkasumas, beelladootaafi simbirroota bifa adda addaa qabanis "diimaa", "cuqliisa" jennee maqaa dhoofna.

Bifa halluuwwan ijaan agarree maqaa dhoofne kana akka ija keenyatti mul'atan kan taasisu ifa aduuti.


Halluuwwan bu'uuraa kun halluu sadarkaa tokkoffaa jedhamuun beekamu. Halluuwwan bu'uuraa sadiitu jiru.

Isaanis,

- **Diimaa**
- **Keelloofi**
- **Cuqliisa**

Halluu bu'uuraa kana dabaree dabareen walitti makuun halluu gosa biroo argachuun nidanda'ama. Halluuwan bu'uuraa sadan isaanii yoo walfaana altakkaatti akkaataa walqixxee ta'een walitti makaman, bifaa boora'aa ta'e uumu. Kana jechuun,

Diimaa+Keeloo+Cuqliisa= Boora'aa




Shaakala 1.

Fakkii asii gadii tartiiba isaa eegii dabtara keerratti wixinuun halluu dibi.









Shaakala 2.

Fakkii asii gadii tartiiba isaa eegii dabtara keerratti wixinuuun halluu dibi.



Shaakala 3.


Fakkii asii gadii tartiiba isaa eegii dabtar keerratti wixinuun halluu dibi.




Shaakala 4.

Fakkii asii gadii tartiiba isaa eegii dabtara keerratti wixinuun halluu dibi.


1




2



3



4



5



6



7




8




Shaakala 5.


Fakkii asii gadii tartiiba isaa eeguun dabtara dib
halluuuf qopheeffatte irratti wixnuun halluu dibi.




1.




2.




3.




4.




5.




6.



7.



8.



9.

1.3. SUURAA KAASUUFI DIRAAMAA TAPHACHUU



Suuraa kaasuu



Kaameeraa HD



Tiraayipoodii (baattuu kaameeraa)



Barattuu suuraa kaasuuf kaameeraa qabattee jirtu



Suuraawan kaameeraa fayyadamuun kaafaman

Suuraan akaakuu og-aartiiwanii keessaa isa tokkodha. Suuraa jechuun, lubbuu qabeeyyiis ta'e lubbu dhabeeyyii adda addaa kaameeraa fayyadamuun fuullee wanta kaafamuu barbaadamu sanaatti argamuun kan kaafame jechuudha. Kanaafuu, meeshaan teeknoolojii suuraa kaasuuf nu gargaaru **kaameeraa** jedhama. Wantoonni suuraa kaafamuu danda'an nama, bineeldota, biqiltoota, ilbiisota, dhagaa, bishaan, samii, walumaagalatti wantoonni lafa kanarratti mul'atan hundi suuraa kaafamuu nidanda'u.



Sochiifi tapha garagaraa suuraa kaasuun nidanda'ama. Suuraafi fakkiin garaagarummaa qabu. Suuraan ifa kaameeraa fayyadamuun wanta kaasuu barbaadame sana akkuma jirutti kaafama. Fakkiin immoo, dandeettii nama waa fakkeessanii kaasuu qabaniin halluu adda adda fayyadamuun waraqaa yookiin huccuu yookiin wantoota adda addaarratti harkaan kan ka'udha.

SUURAAFI DIRAAMAA

Haaluma ibsa suuraa kaasuu keessatti kaa'uuf yaalameen, namoota yookiin wantoota sochii adda addaa taasisan suuraa kaasuun nidanda'ama. Akkasumas, namoota tapha tiyaatiraa/ diraamaa hojjetaa jiran suuraa kaasuun gocha isaaniifi miira isaanii agarsiisuun nidanda'ama.



***Suuraawan tapha diraamaa irraa kaameeraan
kaafaman***



Shaakala 6.

Tapha tiyaatiraa/diraamaa salphaa beektu tokko yeroo hiryoota kee waliin waltajjiirratti agarsiistu dabaree dabareen taphicha wal kaasuun barsiisaa/tuu keessanitti agarsiisaa.

Gilgaala 1

Gaaffiiwan asii gadii haala gaafatamteen deebisi.

1. Suuraafi fakkiin garaagarummaa hinqaban.
A. Dhugaa B. Soba
2. Wantoonni suuraa kaafamuu danda'an maal fa'i?
A. Nama
B. Biqiloota
C. Bineensota
D. Hunduu deebiidha

Gocha 4

Suuraawwan maatii yookiin hiriyoota keessanii dareetti fiduun barsiisaa keessanitti agarsiisaa.

BOQONNAA 2

Dandeettii Kalaqaa

2. SHAAKALA OG-AARTIIWWANII

2.1. SAGALOOTA MUUZIQAA, NOOTAALEEFI MEESHAALEE MUUZIQAA RUKUTTAA

2.1.1 Sagaloota Muuziqaa

Gaaffilee asii gadiirratti gareen mari'achuun deebisaa.

1. Sagaloota muuziqaa keessaa maal maal beekta?
Fakkeenyaan ibsi.

2. Simbirroonni yeroo waccu dhageessee beektaa?
Akkam jedhu?

3. Yeroo namoonni meeshaalee muuziqaan taphatan
agartee beektaa? Sagalee meeshaalee muuziqaa
fakkeessuunn dhageessisi.

Bara durii irraa eegalee namoonni sagalee isaaniin
faarsuufi meeshaalee muuziqaa aadaa hojjachuun sagaloota
muuziqqaatti fayyadamaa turan.

Yeroo ammaa immoo, sagloonni muuziqaa bifa ammayyaawaan
jiran kanneen asiin gadiiti :

"Doo Ree Mii Faa Sool Laa Sii Doo"

jedhamanii beekamu.

Isaan kanas meeshaa muuziqaa piyaanoo yookaan kiiboordii irratti sagalee isaanii dhaga'uun nidanda'ama.



Doo Ree Mii Faa Sool Laa Sii Doo



2.1.2 Nootaalee Muuziqaa

Gaaffilee asii gadiirratti hiriyyoota kee waliin mari'achuun dareekeef ibsi.

1. Nootaan maali?
2. Nootaan maaliif fayyada?
3. Hanga ammaatti nootaa kam kamfaa beekta?

Nootaan qabee muuziqaa akka ta'eefi kan rukuttaafi yeedaloon ittiin barreeffamu ta'uun isaa barattee jirta.

Nootaaleen akaakuu garagaraatu jiru. Isaanis,

1. Nootaa Guutuu

Nootaa guutuuun kan geengoo fakkaatuufi gatii rukuttaa afur qabudha. Bocni isaas kan asii gadii fakkaata.



2. Nootaa walakkaa


Nootaa walakkaanis nootaa guutuu waliin kan wal fakkaatu ta'ee, mataa isaa irraa jirma gabaabaa kan qabudha. Nootaa walakkaan rukuttaa lama qaba. Bocni isaas kan asii gadii fakkaata.



3. Nootaa nuusaa

Nootaan nuusaas kan nootaa walakkaan wal fakkaatu ta'ee, mataa isaa keessi dibamaafi gatii rukuttaa tokko kan qabuudha. Bocni isaas kan asii gadii fakkaata.





2.1.3 Boqonnaalee Muuziqaa

Gocha 1

Gaaffilee asii gadii hiriyyoota kee waliin hojjedhuu daree keef ibsi.

1. Nootaan boqonnaa jedhamu maali?
2. Nootaan boqonnaa maaliif fayyada?
3. Hanga ammaatti nootaa boqonnaa kam kamfaa beekta?

Boqonnaaleen qubee muuziqati. Barreeffama rukuttaafi yeedaloo keessatti bakka itti gatiin isaanii shallagamee callisaan irra darbamuudha.

Isaanis akkuma nootaalee kanneen sagalee qababii, gosoota garagaraatu jiru.

1. Boqonnaa guutuu

Boqonnaa guutuun, gatii rukuttaa turtii afur qaba. Bocni isaa kan asii gadii fakkaata.



2. Boqonnaa walakkaa

Boqonnaan walakkaas, gatii rukuttaa turtii lama qaba. Bocni isaas kan asii gadii fakkaata.



3. Boqonnaan nuusaa

Boqonnaan kun, gatii rukuttaa turtii tokkoo qaba. Bocni isaas kan asii gadii fakkaata.



Gocha 2

Nootalee asii gaditti tarreeffaman dursa dhuunfaan shaakali. Itti aansuun, gareen harka rukutaa yookaan dibbee rukutaa walfaana dubbisuun taphadhaa.

1.




2.



A musical staff with 10 notes. The notes are represented by black dots with vertical strokes through them, except for the first and tenth notes which are solid black dots. The tenth note has a blue outline.



3.



A musical staff with 10 notes. All notes are solid black dots except for the tenth note which has a blue outline.


4.



A musical staff with 10 notes. The notes alternate between solid black dots and black dots with vertical strokes through them. The tenth note has a blue outline.



5.



2.1.4 Meeshaalee Muuziqaa Rukuttaa

Gocha 4

1. Meeshaalee muuziqaa rukuttaa naannoo keetii tarreessi.
2. Meeshaalee muuziqaa rukuttaa tarreessite yoomiifi akkamitti akka taphataman agarsiisi.
3. Fakkii meeshaalee muuziqaa rukuttaa naannoo keetti aragaman kaasuun barsiisaa/tuu keetti agarsiisi.

Meeshaaleen muuziqaa akaakuu garagaraa hedduutu jiru. Isaan keessaas meeshaaleen muuziqaa aadaa kan rukuttaa beekamoodha.

Meeshalee muuziqaa rukuttaa kanas rukutuun kan itti fayyadamnuudha. Isaanis yeroo garagaraa dhimmoota garagaraaf itti fayyadamna.

Fakkeenyaaaf,

- Yeroo ayyana waggaa
- Yeroo fuudhaafi heerumaa
- Yeroo mana amantaa keessatti barbaadamu
- Yeroo ittiin bashannanuuf barbaannu
- Dhimmoota aadaa garagaraa irrattiifi kkf.....

Akaakuu Meeshaalee Muuziqaa Rukuttaa

Meeshaaleen muuziqaa rukuttaa kan aadaafi ammayyaa jedhamee bakka lamatti qoodama.

1. Meeshaalee muuziqaa rukuttaa aadaa

Meeshaalee muuziqaa aadaa keessaa kanneen bekamoon dibbee, marakasha, kabalaafi kkf...dha.

a. **Dibbee:** Gogaafi mukarraa/siibiilarraa hojjetamuu danda'a; namoonnis akkuma mijateefitti boca garagaraan hojjetatu.



Dibbeen harkaany yookaan ulee rukuttaa lama qophee effachuuun taphatama.

Hojii daree

1. Naannoo keetti dibbeen maal maalirraa hojjatama?

b. Tsinaatsila/Shakkisa:

Tsinaatsilli yeroo baay'ee mana amantaa keessatti tajaajila. Haata'u malee, sagalee rukuttaa oliifi gadi raasuun baasu muuziqaa ammayyaa keessattis baay'ee fayyada. Tsinaatsilli siibiila/muukaafi qorkii irraa hojjatamee harkaan urguufuun ykn sochoosuun taphatama.



Fakkii Tsinaatsilaa

c. Marakaasha

Marakaashni buqgee/ullee miciraan keessaa baasuun qabee isaa keessatti cirracha naqanii urgufuun ykn sochoosuun sagalee rukuttaa inni baasuun kan fayyadamnuudha. Sagalee rukuttaa marakaashniifi tsinaatsilli baasanis baay'ee walitti dhiyaata. Sagaleen lamaanuu kash kash....jedha.



Fakkeenya fakkii marakaashaa

d. Kabalaa

Meeshaalee muuziqaa rukuttaa aadaa keessaa isa tokko ta'ee,
harka lamaan qabanii walitti rukutuun kan taphatamuudha.

Kabalaan muka battee/baxxee irraa hojjetama



2.2 BOCAAFI FOORMII SASALPHAA HALLUU DIBUU

2.2.1. BOCA FOORMII WIXINUU

Kutaa darbe keessatti sararoota walqabsiisuun wixinee boca salphaawixinuufihalluudibuuudhaanshaakalteejirta. Boqonnaa kana keessatti immoo, bocaafi foormiwwan sasalphaa fakkeessuun akkataa halluun itti dibamu shaakaluun nibaratta.


Gocha 5

Wiixinee boca sasalphaa erga wixinteen booda halluu dibuun kan walii keessanii ilaala. Hanqinaafi cimina jiru ilaalaatii yaada fooyya'iinsaa walii kennaa.

Boca sasalphaa jechuun, sararoota muraasa walqabsiisuun kan hojjetaman ta'ee dheerinaafi dalgee kan qabanidha. Fakkeenyaaaf, sarara dhaabbataafi dalgee walqabsiisuun iskuweerii hojjechuu, sarara shaffaaxaafi dalgee walqabsiisuun rogsadee uumuufi kan kana fakkaatan hojjachuudha.


Shaakala 1.

Boca salphaa asii gadii irra deddeebi'i wiixini.




2.2.2. FOORMII SASALPHAA WIXINUU

Foormii jechuun, sararoota muraasa walqabsiisuun kan hojjetamu ta'ee dheerina, dalgeefi bal'ina kan qabudha. Fakkeenyaaaf, iskuweeriiratti sarara shaffaaxaa dabaluun kiyubii uumuun idandeenya. Rogsadee irratti sararamoloooloo dabaluun foormii koonii uumna. Akkasumas, boca geengoo ifaafi gaaddisa itti dabaluun isfiirii uumuun idandeenya.



Shaakala 2.

Foormii asii gadii irra deddeebi'ii wiixini.




2.2.3. Bocaafi Foormiiwan Sasalphaa

Halluu Dibuu


Bocaafi foormii halluu dibuu jechuun asii olitti kan sararoota qofaan wixiname halluu dibuudha.

Fakkenyaaf,




Shaakala 3

Bocota qindaa'e asii gadii dabtara keerratti wixinuun halluu garagaraa dibi.




Shaakala 4

a. Foormii qindaa'a asii gadii dabtara keerratti wixinuun halluu garagaraa dibi.





b.





Shaakala 5

a. Fakkiwwan asii gadii tartiiba isaa eeguun dabtara keerratti wixinuuun halluu dibi.




b.



Shaakala 6

Fakkii asii gadii tartiiba isaa eeguun waraqaa irratti wixinuun halluu dibi.



2.3 WALITTI MAKAMA HALLUUWWAN BU'UURAAFI MAXXANSA KALLATTII

2.3.1 Walitti Makama Halluuwwan Bu'uuraa

Gaaffii hubannoo


Halluu walitti makuu jechuun maal jechuudha?

Halluuwwan akaakuu garaagaraa naannoo keenyatti akka argaman boqonnaa tokko keessatti barattanii jirtu.

Walitti makama halluu jechuun, halluu bu'uuraa haala walqixa, yookiin haala walcaaluun walitti makuun halluu biroo argachuu jechuudha. Halluuwwan bu'uuraa dibaaf oolan sadan walitti makuun halluu addaa ta'e uumuun nidanda'ama. Kanas, halluuwwan bu'uuraa lama dabaree dabareedhaan hanga walqixa ta'een yoo walitti makne, halluu sadarkaa lammaffaa arganna.

Isaanis, sadiitu jiru:

- ✓ **Burtukaana**
- ✓ **Magarisaaifi**
- ✓ **Dhiilgee/Vaayoleetiidha.**



Halluuwan sadarkaa tokkoffaa haala asii gadiin yoo walitti
makne halluu sadarkaa lammaffaa kenna.

Diimaafi Keelloon = Burtukaana kenna

Keelloofi Cuqliisni = Magariisa kenna

Cuqliisniifi Diimaan = Dhiilgee kenna



Shaakal 7

Gaaffilee asii gadii haala gaafatamteen guuti.

1. Diimaa walitti makuu Keeloo = _____
2. _____ walitti makuu Cuqliisa = Magariisa
3. _____ walitti makuu _____ = Dhiilgee

Gilgaala 1

Gaaffilee asii gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Halluun sadarkaa tokkoffaa lakkofsaan _____ tu jira.
2. Halluu keeloo, _____ fi diimaan halluu sadarkaa tokkoffaadha.
3. Halluu sadarkaa tokkoffaan haala walqixa ta'een yoo walitti makame, halluu sadarkaa _____ arganna.
4. Halluun sadarkaa lammaffaa lakkofsaan _____ tu jira.
5. Halluu sadarkaa lammaffaa tarreessi.

6. Walitti makama halluu asii gadiif qubee deebii sirrii ta'e filadhu.

1.  +  = ? a.  b.  c. 

2.  +  = ? a.  b.  c. 

3.  +  = ? a.  b.  c. 

Gilgaala 2

Walitti Firoomsi

1. Diimaa

a.



2. Cuquliisa

b.



3. Magariisa

c.



4. Keeloo

d.



5. Burtukaana

e.



6. Dhiilgee

f.



Gilgaala 3

Fakkii fuduraalee asii gadii ilaaluun qabee halluuwwan sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa agarsiisan maqaa halluuwwan isaanii waliin addaan baasuun tarreessi.



Fakkeenyaaaf:

a. Diimaa

b. _____

c. _____









d. _____

e. _____

f. _____

Shaakala 8

Akkaataa tartiiba asii gaditti taa'e kanaan wixinuun halluu dibi.



2.3.2 MAXXANSA KALLATTII

Gocha 6

Harka keessan halluu cilee, boronqii, daaraa, dhoqqeefi kan kana fakkaatan dibdanii waan biraan irratti maxxansitanii beektuu? Yeroo namni biroon maxxansu argitanii beektuu? Yoo argitanii kan beektan ta'e, akkamiin maxxanfama?


Maxxansa kallattii jechuun, wantoota uumamaan jiran irratti halluu yookaan wantoota salphaatti naannootti argamanitti fayyadamuun hojji hojjetamuudha.

Kunis, baala, daraaraa (abaaboo), firii biqilootaafi kan kana fakkaataniin halluu yookiin wanta halluu fakkaatuun dibuun waan diriiraa irratti gadi qabuun kan hojjetamuudha.

Akka fakkeenyatti boca baalaa halluu dibuun waan diriiraa ta'e tokko irratti gadi qabanii hojjechuun nidanda'ama.

Fakkeenya tokkoffaa:

Maxxansa baalaa



Fakkeenya lammaaffaa:

Maxxansa Barruu harkaa



Gilgaala 4

Gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Maxxansa baalaa maxxansuuf wantoonni barbaachisan maal fa'i?
2. Maxxansa barruu harkaa maxxansuuf wantoonni barbaachisan maal fa'i?

Shaakala 9

Gaaffilee asii gadii maxxansa baalaafi barruu harkaa
asii olii irratti hundaa'uun hojjedhu.

- a. Maxxansa baalaa hojjedhu.
- b. Maxxansa barruu harkaa hojjedhu.

2.4 ERGAAWWAN DIRAAMAA, SUURSAGALEEFI SUURAA

Ergaa tiyaatiraa

Shaakala 10

Ergaa dabarfachuu barbaaddan irratti hundaa'uun diraamaa gabaabaa kalaquun shaakalaa.



Diraamaan yookiin taphni tiyaatiraa ergaawwan adda addaa bifa nama bohaarsuufi haala gabaabaa ta'een dabarsuu danda'a. Ergaa dabarsuun caalaattis, aadaafi seenaa saboota garagaraanama barsiisa. Diraamaa keessatti namoonni gadda, gammachuu, jaalala, raajeffanna Isaaniifi kkf ibsachuu nidanda'u. Tiyaatirri waltajjii irratti daawwattootaaf dhiyataa.

Gaaffii hubannoo 1

1. Diraamaan maalfaa nama barsiisuu danda'a?

Ergaa suursagalee shaakala dubbisa duraa

Suursagalee daa'immaniif qophaa'an daawwattee beektaa?



★ suur sagaleewan afaan adda addaan daa'immaniif qophaa'an keessaa kamfaa jaalatta?



Suursagaleen qindoomina suuraa, gochaafi jechaatiin waraabamuudhaan televizhiinii irratti yookiin bilbila mobaayilaa irratti ilaalamuufi dhaggeeffatamuu danda'a. Kanaafuu, taateewwan televizhiiniidhaan yookiin mobaayila irratti gochaan, suuraafi jechaan qindaa'anii dhiyaatan Suursagalee/Viidiyoo jedhamu.



Akkuma diraamaan yookiin tiyaatirri ergaa adda addaa dabarsu, suursagaleenis ergaawwan garagaraa dabarsa. Gama biraatiin, suursagaleendaan immanqubee barsiisuuf, lakkoofsa barsiisuuf, qulqullina barsiisuuf, akkasumas taphoota adda addatiin bashannansiisuuf karaa televizhiniitiin nidhiyaata.

Gaaffii hubannoo 2

1. Suursagalee fakkiwwan asii gadii ilaaltee beektaa?
Eenyufaa jedhamu? Maalfaa irraa baratte?



2. Waa'ee Suursagaleewwan asii gadii kana hiriyoota keessan waliin walitti himaa.



Ergaa suuraa

Boqonnaa tokkoffaa jalatti waa'ee suuraa bal'inaan barattanii jirtu. Akkuma diraamaafi Suursagalee suuraanis ergaa mataa isaa dabarsa.



Namoonni haala garagaraa keessa osoo jiranii suuraan isaanii yoo kaafame, suuraan sun miira namoonni sun keessa jiran ibsa. Gocha garagaraas raawwachaa osoo jiranii yoo kaafaman, maal akka hojjetaa jiran ni'agarsiisa. Kanaafuu, suuraan ergaa guddaa dabarsuu danda'a jechuudha.



Suuraa daa'ima raftuu



Suuraa daa'ima kolfituu

Gaaffii hubannoo 3

Suuraawan asii gadii hojii akkamii agarsiisu?



Gaaffii hubannoo 4

Suuraawan asii gadii maal agarsiisu?



Gilgaala 1

1. Suuraan haala kamiin ergaa dabarsa?
2. Garaagarummaan suuraaafi suursagalee maali?

BOQONNAA 3

AADAAFI SEENAA

3.1 HOJII OG-AARTIIWWANII KAN DURIIFI AMMAA

3.1.1 HOJII OG-ARGAA DURIIFI AMMAA

Hojii Og-argaa durii kan jedhamu kan bara durii irraa jalqabee namoonni oguma adda addaa qabaniin meeshaaleen jiruufi jirenyaaf barbaachisan hojatanidha. Meeshaalee kanneenis wantoota naannootti argaman irraa hojjechaa akka turan seenaan ragaa baha. Hojii Og-argaa ammaa jechuun ammoo, meeshaalee jiruufi jirenyaaf barbaachisan teeknooloojii ammayyaa fayyadamuun hojjechuu jechuudha.

a. Hojii Og-argaa Durii

Gocha 1

Waa'ee ogummaa harkaa naanno kee kan bara duriifi ammaa maanguddoota gaafachuun daree keessatti hiriyyoota kee waliin walitti himaa. Faayidaa isaan kennanis waliif ibsaa.

Hojii Og-argaa bara durii hojjetamaa turan keessaa tokko hojii harkaati. Hojiwwan harkaa kunniinis oguma bara durii namoota dandeettii qabaniin meeshaaleen adda addaa wantoota naannootti argaman irraa hojjetamudha.

Hojiwwan harkaa dabalatee beekumsiifi wantoonni qabatamoofi qabatamoo hintaane naannoo keenyatti argaman dhaloota durii irraa gara dhaloota ammaatti kan darbaa dhufaniidha.

Isaan kun immoo, hambaalee seenaa jedhamu. Hambaaleen seenaa kenis haftee hojii kalaqa dhala namaa kanneen akka meeshaalee ulfoo, ijaarsa gamoowwaniifi kan kana fakkaatan dabalata.

Naannoo Oromiyaa keessa hambaaleen aadaa qaroomina ummata Oromoo ibsan hedduutu jiru. Isaanis ogummaa harkaa kan akka meeshaalee mana keessaa, uffataa, ijaarsa nanaa, hojii sibiila tumuu, bakkeewwan waaqeffanna, godambaafi kan kana fakkaatanfaadha.

Ogummaan bara durii babal'ina ogummaa amma jiruuf bu'uura. Isaan keessaa muraasni ogummaa hojii hodhaa hodhuu, hojii suphee dhahuu, hojii gogaa duuguu, hojii uffata dhahuu, hojii mukaafi hojiin sibiila tumuufi kan kana fakkaataniidha.

1. Ogummaa Hodhaa Hodhuu


Gocha 2

Hojiwwan ogummaa harkaa naannoo keessanitti hojjataman maal fa'i? Maatii yookiin manguddoota gaafadhaatii daree keessatti irratti mariyadhaa.

Ogummaan hodhaa hodhuu bara durii irraa kaasee ogummaa hanga ammaatti hojjetamaa jiru keessa isa tokko. Ogummaan hodhaa hodhuu migira, coqorsa, meexxii, kalaala, qaaccaafi kan kanneen fakkaatan irraa kan hojjetamuudha.

Wantoota kanneen irraas elemtuu, gundoo, laadana/hinqibii, gingilchaa, sortuu, irboo, masoobii, agalgilii, jaalloofi kan kana fakkaatantu hojjatama.





Bu'aa hojii ogummaa hodhaa hodhuu irra argame

2. Ogummaa suphee dhahuu

Naannoo keenya keessatti bara durii irraa kaasee ogummaawan adda addaa akka hojjetamaa ture mata duree darbe keessatti barattee jirta. Kanneen keessaa tokko ogummaa suphee dhahuuti.

Ogummaan kun qabeenya uumamaa naannootti argamu, biyee suphee irraa kan hojjetamuudha. Suphee irraa, gaanii, huubboo, finjaala, xuwwee, jabanaa, eeleefi kan kana fakkaatantu hojjatama.

Walumaagalatti, yeroo ammaas ogummaan kun hawaasaaf tajaajila guddaa kennaa jira.






Bu'aa hojii ogummaa suphee dhahuu irraa argamu

3. Ogummaa Gogaa Duuguu

Oguma bara durii keessaa ogummaan hojii gogaa isa tokkoodha. Ogummaa kanaan dhalli namaa bara durii irraa eegalee gogaa bineeldota adda addaa irraa meeshaalee tajaajila adda addaaf oolan oomishaa akka ture haftee seenaa irraa hubachuun nidanda'ama.



Fakkeenyaaaf, caaccuu, gaachana, itillee, teephya, qabattoo, qalqalloo, siree, koraa, fuuloo, qomoofi kanneen kana fakkaatan bu'aa hojii ogummaa gogaa duuguun hojjatamu .






Bu'aa hojii ogummaa gogaa duuguu irraa aragmu

4. Ogummaa Uffata Dhahuu



Oguma bara durii keessaa ogummaan uffata dhahuu isa tokkodha. Ogummaan uffata dhahuu kun jirbii fo'uun kan hojjetamu yommuu ta'u yeroo ammaa sadarkaa guddaa irra gahee jira.

Fakkeenyaaaf, kutaa, bulluukkoofi uffata aadaa garagaraafi kan kana fakkaatan ogummaa uffata dhahuun hojjatamu.



Bu'aa hojii ogummaa uffata dhahuu irraa argamu

5. Ogummaa Hojii Mukaa

Oguma bara durii bebbeekamoo keessaa ogummaan hojii mukaa isa tokkodha. Bara durii dhalli namaa muka soofuun (bocuun)meeshaalee tajaajila adda addaaf oolan hojjechaa ture.

Fakkeenyaaaf, siree, ulee, cufantaa balbala manaa, teessoo, minjaala, qorii, boraatii, mooyyefi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama.



Bu'aa ogummaa hojii muka irraa aragmu

6. Ogummaa Hojii Sibiila



Oguma bara durii hawaasa keessa ture keessaa ogummaan hojii sibiila tumuu isa tokkodha. Ogummaan kun bu'aawwan gurguddaa buusaa tureera. Buusaas jira.

Fakkeenyaaaf, meeshaalee qonnaa aadaaf kan oolan kan akka maarashaa, qonyee, qottoo, albee, dongoraa sibiila akkasumas faaya mormaa, kan harkaa, kan qubaafi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama.



Bu'aa hojii ogummaa sibiilaan tumuurraa argamu

Gilgaala 1

Gaaffilee asii gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kan asii gadii keessaa tokko hambaalee seenaa nam-tolcheedha.
 - a. Masaraa Abbaa Jifaar
 - b. Holqa Soof Umar
 - c. Laga Hawaas
 - d. Hunduu deebiidha

2. Filannoo asii gadii keessaa tokko hambaa seenaa magaala Naqamteetti argamudha.
 - a. Dirree Sheek Huseen
 - b. Masara Kumsaa Morodaa
 - c. Masara Abbaa Jifaar
 - d. Hunduu deebiidha.
3. Suphee irraa ogummaa harkaa maalfaatu hojjetama?
 - a. Huubboo
 - b. Jabanaa
 - c. Eelee
 - d. Hunduu deebiidha.
4. Gogaa irraa ogummaan harkaa hojjetamuu danda'u isa kami?
 - a. Itillee
 - b. Qalqalloo
 - c. Caaccuu
 - d. Hunduu deebiidha.
5. Jirbii fo'uu irraa uffata adda addaatu hojjetama.
 - a. Dhugaa
 - b. Soba

6. Meeshaalee hodhaa hodhuutiin hojjetamuu danda'u isa kami?
 - a. Mooyyee
 - b. Qonyee
 - c. Masoobii
 - d. Hundi deebiidha
7. Ogumni bu'aa hojii mukaa ta'e isa kami?
 - a. Minjaala
 - b. Siree
 - c. Boraatii
 - d. Hunduu deebiidha.
8. Oguma bu'aa hojii sibiila irraa argamuu isa kami?
 - a. Maarashaa
 - b. Qottoo
 - c. Faaya mormaafi harkaa
 - d. Albee
 - e. Hundi deebidha
9. Ogummaa harkaa naannoo keetti beekamu kan beektu tarreessi.

B. Oguma Ammayyaa Biyya keenya

Oguma bara durii asii olitti ilaalle kanneen ammayyeessuun yeroo ammaa meeshaalee, uffata aadaafi faaya adda addaa bifa ammayyaafi nama hawaatuun hojjetamaa jira. Oguma ammayyaa jechuun, ilaalchafi fedhii ogeessaa yookiin artistootaa kan yeroo ammaa calaqqisiisudha. Oguma ammayyaaf bu'uura kan ta'e oguma bara duriiti.

Fakkeenyaaaf, hojiiwan ogummaa bara durii hojjetaman keessaa hojii sibiilaan yoo fudhanne, maarashaan gara tiraakteratti, hojii mukaafi gogaa keessaa immoo barcuma, siree, balbala manaa ammayyeessuun yeroo ammaa teessoon, balballi sibiilaafi sireen bifa ammayyatiin hojjatamaa jira.

Gilgaala 2 Gaaffii asii gadii deebisi.

1. Meeshaaleen ammayyaa gogaa, sibiilaafi muka irraa hojjataman maal fa'i?

3.2 SEENAA MUUZIQAA AADAA KAN DURIIFI KAN AMMAYYAA.

Aadaan saba tokkoo kallattii garagaraan haa ibsamu malee, karaa inni guddaan aadaan ittiin ibsamu muuziqaadha. Muuziqaan yeroo dhalli namaa uumamee jiraachuu eegale irraa kaasee kan jirudha.

Ummanni Oromoo bara durii irraa kaasee muuziqatti fayyadamaa ture; ammas fayyadamaa jira . Fakkeenyaaaf, sirbi Gadaa bara durii irraa kaasee hanga har'aatti hojiirra oolaa jira. Kana qofas osoo hintaane, sabni Oromoo muuziqaa dhimmoota hedduuf fayyadamuun aadaa isaa dhalootaa dhalootatti ittiin dabarfachaa ture. dabarfachaas jira.

Seenaa keessatti sabni Oromoo muuziqaa dhimmoota armaan gadiif itti fayyadama:

- Gaddaafi gammachuu ittiin ibsachuuf,
- Jaalala waan tokkoo ittiin ibsachuuf,
- Barnoota ittiin barachuufi barsiisuuf,
- Aadaa ofii ittiin mul'ifachuuf,
- Hojii misoomaa ittiin hojjechuuf,
- Biyya ofii ittiin faarsuuf,
- Goota ittiin faarsuuf,
- Loon ittiin faarsuufi kkf...,

Sabni Oromoo hacuuccaa isarra ga'aa ture karaa muuziqaan isaatii balaaleffachaa ture. Haala kanaan, Oromoon weellistoota hangafoota waggaa saddeettamaa asitti beekaman jajjaboo hedduu qaba. Isaanis, muuziqaan isaaniin hawaasa biratti hedduu jaallatamu.

Fakkeenyaaaf,



Dr. Kabajaa Alii Birraa

Abbitoo Kabbadaa



Ilfinash Qanno

Hiikaa Waajii

- Nuhoo Goobanaa
- Eebbisaa Addunyaa
- Haacaaluu Hundeessaa
- Zarihuun Wadaajoo

- Haloo Daawweefi kkf... maqaa dhahuun
nidanda'ama.

Yeroo ammaas sabni Oromoo muuzigaan isaa guddatee
bifa ammayyawaan dhimmoota garagaraa keessatti itti
fayyadamaa jira.

Gocha 3

Yeroo ammaa naannoo keessanitti hawaasni muuziqaa yeroo
kamfaa akka itti fayyadamaa jiru gaafachuun daree keef
dhiyeessi.

3.3 RAAWWII IBSA DUUDHAA AADAA TIYAATIRA KEESSATTI.

Gaffii hubannoo

Taateewan duudhaa aadaa naannoo keessanitti gaggeeffaman maalfaa beektu? Barsiisaa keetti himi.



Ibsi duudhaa aadaa, duudhaa hawaasni tokko jiruufi jirenya isaa keessatti kalaqachuun aadaa godhatee ittiin jiraataa tureefi ammallee ittiin fayyadamaa jiru kan agarsiisuudha. Duudhaan aadaa, dhalootaa dhalootatti kan darbu yoo ta'u, eenyummaafi hambarawan hawaasa saba tokkoo kan agarsiisuudha. Duudhaan aadaa og-aartii hawaasaa wantoota garagaraa of keessaa qaba. Isaanis, muuziqaa, shubbisa/ hurruubbii, raawwii, og-argaa, mallattoowwan,

ayyaaneeffanna, ogummaa harkaa, seeneessaafi kkf. Kanaafuu, ibsi aadaa tiyaatira keessatti og-aartiiwan kanneen hunda fayyadamuun duudhaa aadaa hawaasichaa agarsiisa.

Faayidaa duudhaan aadaa beeksisuun qabu kanneen asii gaditi:

- Kalaqa hawaasichaa akka jirutti eegee tursiisa;
- Hambaan duudhaa aadaa kun akka guddatuufi babal'atu taasisa;
- Sammuu namootaa qara.

Amaloota duudhaa aadaa

Amalooni duudhaa aadaa kanneen armaan gadiiti.

- a. Dhalootaa dhalootatti darba;
- b. Seeneessa/odeessaafi gochaan akkeeffama;
- c. Maalummaa aadaafi eenyummaa hawaasa tokkoo agarsiisu;
- d. Yeroodhaa gara yerootti babal'ina hawaasa sanaa faana guddachaa deema.

Mata duree kanaaf, duudhaa aadaa ummata **Waloo** kan qeerroofi qarreen ittiin wal jajan duudhaa tapha aadaa "**Joobiyyee**" jedhu irratti kan hojjetamu ta'a.



Shubbisa duudhaa aadaa Oromoo Walloo agarsiisu

Taphni Joobiyyee haala garagaraa keessatti taphatamuu danda'a. Fakkeenyaaaf, iddo ciidhaa, iddo tika horii, iddo qoraan cabsaniifi kanneen kana fakkaatan fa'i.

Taphni kun qeerroof qarreen arrittiifi dhugoo/loomii qabatanii, uffata aadaan bareedanii, namni dandeettii ulullee taphachuu qabu ulullee isaa qabatee, walaloowwan ittiin walfaarsan gamaa gamanaa dargaggoo ulullee taphatutti himaa haalayeedalootiinyeedaleessaa, shubbisaan dabaalanii taphatu. Dargaggoon gama tokkoon taa'u, shamarranis gama biraatiin taa'u. Kan ulullee taphatu akkuma eegaleen taphicha yeroo jalqaban akkas jedhu:

Dhiira

Kan jalaa qabu

Joobiyyee

Ajoobaa joob

Dhiira: Wayitii laga buutuu zaawiyaa jalaanii

Hindileen sitti hoofaa nabeeki malaani

Joobiyyee

Durba : Yeroo lola deemtu zinnaar kee marfadhuu
Yeroo nama biraa natti mummufadhuu.
Yeroo qofaa qofaa marii na dhungadhu.

Ajoobaa joob

Joobiyyee

Dhiira: Kan jibbe haa jibbu haa bokoku malee
Ani Faaxeen hindhiisuu ergaa Rabbii malee

Ajoobaa joob

Joobiyyee

Durba: Goojjoo duub galaa itti galan manaa
Wal bira nu argee maaltu nu amanaa

Ajoobaa joob

Joobiyyee

Dhiira: Waliin ooluu keenya namni nuhamataa
Jaalalli hamaadhaha yoom kana sodaataa



Joobiyyee

Durba: Caffaa diida garbii
Keessummaa fakkaadhuu hulaa keenyaan darbii

Ajoobaa joob

Joobiyyee

Dhiira: Caffaa laga gadii ilmoo saalaa diidaa
Mana keessan sehee aseene masjiidaa

Ajoobaa joob

Joobiyyee

Ajoobaa joob

Durba: Anoo sin jaaladhaa sijibbeeti mitii
Hamma ammaa turuun koo aayyoo sodaadheetii

Joobiyyee **Ajoobaa joob**

Dhiira: Erga akkas jettee shaggee dubbiin tolee
As kottuu naqabii ani of wallaalee

Joobiyyee **Ajoobaa joob**

Durba: Bishaanin waraabaa okolee lamaanii
Wal fudhanneee bannaa gordoma jalaanii

Joobiyyee **ajoobaa joob**

Dhiira: Goojjoo huddugalaa qaraaruun kabanii
Sin liqimsan turee si malee hinqabanii

Joobiyyee **Ajoobaa joob**

Durba: Goojjoo giddu gala qaraaruun kabanii
Ati naliqimsii isaan waan dhabanii

Gilgaala 3

Gaaffilee asii gadii haala gaafatamte irratti hundaa'uun deebisi.

1. Faayidaan duudhaa aadaa maal fa'i?
2. Duudhaan aadaa og-aartii hawaasaa keessaa maalfaa of keessatti qabata?
 - A. Muuziqaa
 - B. Shubbisa
 - C. Tapha/parformaansii
 - D. Hunduu deebiidha
3. Amala ibsa duudhaa aadaa kan ta'e kami?
 - A. Dhalootaa dhalootatti darbuu
 - B. Seeneessa/odeessaafi gochaan akkeessuun agarsiifama
 - C. Seenaan nama tokkoo qofaatu ittiin agarsiifama
 - D. A fi B sirriidha

Gilgaala 4

1. Ibsa tapha duudhaa aadaa ummata walloo **Joobiyyee** irraa maaltu sitti tole?

BOQONNAA 4

HAWWANNAA OG-AARTIIWWANII

4. OG-AARTIIWWAN DINQISIIFACHUU

4.1 OG-ARGAA DINQISIIFACHUU

Og-argaan jiruufi jirenya dhala namaa waliin gaheefi hidhata guddaa qaba. Dingisiifanaan og-argaa jechuun hojiwwan og-argaa kan duriifi kan ammaa harka namaan hojjetaman dinqisiifachuudha.

Isaanis, fakkiwwan durdurii keenyan holqaa irratti hojjetamaniifi kan kana fakkatan dinqisiifachuu hammata.

Og-argaa akka raajeffannu/dinqisiifannu kan nu taasisu wantoota asii gadiiti:

- Beekumsaafi hubanna og-argaa horachuuf;
- Meeshaaleefi maloota og-argaa barreeffamaan gonfanne gochaan akka agarsiifnuuf;
- Sosochii og-argaa aadaa bara duriifi kan ammayyaa adda baasuufi kan kana fakkaataniif fayyada.

4.1.1 Hojii Og-Argaa Aadaa Biyyaa Keenyaa

Gaaffii hubannoo 1

1. Hojiin og-argaa maalii?

Hojiin og-argaa hojiiwan halluufi wantoota naannootti argamanitti gargaaramuun ogeessaan kan hojjetamanidha. Akkasumas, diba halluu, giraafaksiin, bobbocaafi kan kana fakkaataniin ibsamu.

Og-argaan hojiiwan warshaa godoo irraa kaasee hangaammaatti jiran, aadaafi seenaa darbeefi ammaa ittiin ibsuuf fayyada.


Wanti ijaan ilaalamu kun ogummaa fakkii kaasuu, bobbocaa, ijaarsa manaa, dibaa halluu, suphee dhahuu, ogummaa faaya meetiifi warqii tolchuufi ogummaa meeshaalee mana keessaa maqaa dhahuun nidanda'ama.

Aadaan oguma harkaa kana qofa miti. Fakkeenyaaaf, ribuu irraa kiraara, shonboqqoo irraa ulullee, gogaa irraa dibbee, buqqee irraa qabee, qaaccaa irraa jibbaa, jirbii irraa uffata, migira irraa hodhaa, meexxii irraa handaqiifi kan kana fakkaatan hojjatamaa turan.

Meeshaalee aadaafi ammayyaa ogummaa harkaan hojjataman akka fakkeenyatti asii gaditti kaa'amani jiru.



Ogummaa harkaa migira, kalaalaa, gogaafi elellaa irraa hojjetaman




Ogummaa harkaa migira, gogaa, mukaafi callee irraa hojjetaman



Ogummaa harkaa faaya adda addaa calleefi sibiila irraa hojjetaman



Ogummaa harkaa suphee irraa hojjetaman



Ogummaa hojii muka, gogaafi migira irraa hojjetaman

Shaakala 1

Meeshaalee aadaa naannoo keetti argamu fakkiin
agarsiisi.

4.2 MUUZIQAA AADAA RAAJEFFACHUU

Gocha 1

1. Muuziqaa aadaa naannoo keessan jiran maal fa'i?
2. Muuziqaa aadaa naannoo keessan jiran kanneen baay'ee beekamoo ta'an shaakaluun dareef dhiyeessaa.
3. Muuziqaa aadaa dhiyaatan keessaa kamiin irra caalaatti akka jaallattan sadarkeessuun gareen ibsaa.

Muuziqaan aadaa yeroo dhaggeeffatamuufi taphatamu baay'ee namatti tola. Bashannansiisaa aadaa ofii nama hubachiisa; nama barsiisa; nama jajjabeessa.

Muuziqaan aadaa kunis meeshaalee muuziqaa aadaatiin qindaa'anii kan dhiyaatan waan ta'aniif, ulfinaan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufedha.

Sabni Oromoos muuziqaa aadaa yeroo adda addaa dhimmoota hedduuf itti fayyadamu qaba. Muuziqaan aadaa kunis, qindoominaafi walaloo ergaa of keessaa qabu waan ta'eef, namoota biratti baay'ee jaallatamu; niraajeffatamus.

4.3 TAPHA TIYAATIRAAN

Akkuma barnoota kanaan duraa baraatte keessatti ibsametti ummanni Oromoo jiruufi jireenyi isaa og-aartiin kan guutameedha. Taateewwan adda addaa haala artistaawaa ta'een ibsachuu danda'a.

Goota isaa yoo mararfatu, dabeessa yoo maganfatu, biyya isaa yoo eeggatu, loon isaa yoo tikfatu, yoo fuudhu, yoo heerumsiifatu karaa artistawaan ergaa isaa dabarfata. Taateewwan og-aartii ummata Oromoo keessaa **geerarsi** isa tokkoodha.

Gaaffii hubannoo 2

1. Waa'ee geerarsaa dhageessee beektaa? Hiriyyoota daree keetiif ibsi.
2. Nama geeraru argitee beektaa? Gochaa akkamiifaa agarsiisa? Maaliif geerara?
3. Namni geeraru maalfaa qabata?
4. Gocha geerarsaa keessaa maal raajeffatta?

Gootota geerarsaan faarsuu



Barattooni huccuu aadaa Walloo uffatanii, filaa mataatti suuqqatanii, rigaa qabatanii, mudhii isaanii wanta akka zinnaaraan hidhatanii, ulee gateettiitti qabatanii tapha kana agarsiisu.



Jalqaba barataan tokko qofaasaa taa'ee osoo yaadaan
gumgummaa jiruu hiriyootni isaa gamaa gamaan lama lama
ta'anii seenu

Barattuu 1^{ffa}: Maal taatee yaaddoofta?

Barataa 1^{ffa}: Gootota keenyan yaade

Barattuu 2^{ffa}: Walloo jechuun waloo

nuhi siif jirraa hin yaadda'in maaloo

Barattoonni gareen: Haa haa

Barataa 1^{ffa}: Nan yaadadhe malee takkaa hin yaaddoofne

Walloo ta'uun keenya ari hinirraanfanne

Yaaddoo ishee hinqabnu gootarraa dhalannee

Barattoonni gareen: Haa haa

Barataa 1^{ffa}: Ilmaan Hasan Ammee

Dawwee irraa raqamee

Barattoonni gareen: Haa haa

Barataa 2^{ffa}: Ijoolleen Wadaayi, Wadaay Baabboo Jaarrraa

Jiilleerraa mandihee diina ari'e of irraa

Barattoonni gareen: Haa haa

Barataa 3^{ffa}: Kan Usmaan Xiyyeefi kan Umar Bushuraa

Sabar sakaa jechaa fullahan Waayyuurraa

Barattoonni gareen: Haa haa

Barataa 1^{ffaan}: Kan Imaam Yuusufii

Garfarraan dhufuufii

Diina hongeessuuifi

Barattoonni gareen: Haa haa

Barattuu 1^{ffaa}: Anis kan Warqituu

Dukkana kee iftuu

Xiiqiin natti hinhaftu

Barattoonni gareen: Haa haa

Barataa 1^{ffaan}: Kormi gaafa lolee

Hundi isaanii: Haa haa hay korman gaafoo

Barataa 1^{ffaan}: Injifannon galee

Hundi isaanii: haa haa hay korman gaafoo

Jechaa waltajjii irraa bahu.

Gilgaala 1

Deebii gabaabaa kenni

1. Maqaa gootota Walloo (Waloo) geerarsa kana keessatti kaafaman eenyu fa'i?
2. Geerarsa kana keessatti gosni gootonni kun keessaa burqan eenyu fa'i?

BOQONNAA 5

Hidhata Og-Aartiiwanii

5.1 WALITTI DHUFEENYA OG-AARTIIWWAN GIDDUU JIRU

Gocha 1

Kiliippii faaruu beekamaa waa'ee halluuwwanii agarsiisu daawwachaa dhaggeeffadhaa. Itti aansuun, muuziqaadhaan akaakuun halluuwwanii hedduun yeroo gabaabaa keessatti akkamitti akka faarfaman waan dingisiifatte hiriyyoota daree keef ibsi.

Dabalataanis, walitti dhufeenyaa og-aartiiwanii fakkeenyaa faaruu kanaa irraa hubachuun akka dandaa'amu walitti himaa.



Halluun Maali?

Halluun bifa waan tokkooti. Isaanis gosoota
garaagaraatu jiru. Fakkeenyaaaf;

Boora

Borajji

Arfaasee

Cuqulisa

Diimaa

Adii

Siddisa


Magarisa

Kelloo

Magaala

Dimaadii

Gurraacha



Garsamii

Buburree

Daalacha

Dimbiyyoo

Meetii

Bildiimaa

Ejersa

Dimgurra

Warqee

Asheeta

Dhilgee

5.2 BARBAACHISUMMAA OG-AARTIIWWAN BARNOOTA BIROO BARACHUU KEESSATTI QABU

5.2.1 Barbaachisummaa Muuzigaan Barnoota Biroo Barachuu Keessatti Qabu.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Faaruudhaan barnoota kam kamfaa barattanii beektu?
2. Faaruu barnoota biroo ittiin barattan keessaa sadii tarreessuun gareen shaakalaa dareef dhiyeessaa.
3. Ga'effi barbaachisummaa barnoonni og-argaa barnoota biroo barsiisu keessatti qabu garee gareen mari'aadha? Bu'aa marii keessanii barsiisaa/tuu keesanitti hima.

Muuzigaan barnoota biroo barsiisuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Innis bifa faaruutiin qabiyyee barattan haala salphaafi hawwataa ta'een taphachaa, itti bashannanaafi haala si'aayina qabuun yeroo dheeraaf osoo hindagatin akka barataniif isin gargaara.

Fakkeenyaaaf,qubee Afaan Ingilizii digdamii ja'anuu qabachuuf faaruun yoo ta'e yeroo gabaabaa keessatti akka sammuutti qabataniif isin gargaara.

Kun immoo, muuzigaan barnoota biroo barsiisuu keessatti ga'ee guddaa qabaachuu agarsiisa.

5.2.2 Ga'ee Og-Tiyaatirri barnoota biroo keessatti qabu

Og-tiyaatirri barnoota biroo waliin walitti dhufeenya guddaa qaba. kanas bifa diraamaan gargaaramnee gahee qooddachuun taphachaa qabiyyeewan goso barnootaa biroo bifa hawwataafi bashannansiisaa ta'een barachuu dandeenya.

Fakkeenyaaaf:

Gosa barnoota Saayinsii naannoo keessatti qabiyyee qaamota miiraa yeroo barsiisnu;

Qaamota Miiraa



Ilmi namaan qaamota miiraa shan qaba.



Qaamonnii kun guyyaa tokko wal-lolanii baay'ee wal morman.

Hundi isaanii akka asiin gadii kanatti dabareen of tuuluun of ibsan.


**Ossoo ani siniif hin arginii silaa arguu
hin dandeessan**



**Ati dhiis ...osoo ani sagalee isinitti
dhufaa jiru hamtuu fi toltaa adda isiniif
hin baasinii silaa dhumtan**

Isin maaliif wal nyaattan, osoo ani waa
hunda **qaama kiyyatti yeroo bu'e**
irraa isin hin eeginii jiraachuun
isinitti ulfaata ture



 Jetteeree... osoo ani nyaata
dhandhamee mi'aa fi hadhaa adda
isiniif in baasinii beelaan dhumtan

 Osoon ani **foolii suufee** adda isiniif hin
baasinii hundi keessan foolii gaariifi
yaraa adda hinbaafattan turtan.



Akkas taanaan hundi keenya wal malee
hin jiraannu jechuudha



Ati dhiis ...osoo ani **sagalee** isinitti
dhufaa jiru hamtuu fi toltaa adda

Gilgaala 1

1. Tapha gabaabaa kanarraa maal hubatte?

Yaada cuunfaa

Og-aartiiwan gosa barnootaa biroo manneen barnootaa keessatti barsiifaman waliin walitti dhufeenyaa kan qabaniidha. kanas gosa barnootaa kamillee yeroo barsiisnu faaruutti, tiyaatiraafi og-argaatti fayadamnee bifa hawwataa, bashannansiisaafi taphachiisaa ta'een itti gammadaa barnoota keenya barachuu dandeenyaa.